



Wantootaa imala umraa dura guuttachu qabnu

Imalli carraa dhukkuboota kanneen akka COVID-19, Gifira, fi infiluweenzaadhaan qabamuu babal'isuu danda'a. **Yoo isin dhukkube hin imalinaa.** Yoo gara Makkaa, Sa'udi Arabiyaa deemuu yaaddan, qajeelfama kanatti fayadamaa.

Imala dura

- Talaallii COVID-19 dabalatee yeroo dhiyootti deemsa keessaniif fudhachuu kessan mirkaneeffadhaa, imala dura waa'ee talaallii isin barbaachisuu danda'uu ogeessa fayyaa keessan gaafadha akkasumas liinkii armaan gadii fayyadamuun [waa'ee COVID-19 argachuu dandeessu \(vaccines.gov/search\)](https://www.vaccines.gov/search).
- Ulaagaalee yeroo ammaa Sa'udi Arabiyaa kessatti barbaachisan, [odeeffannoo imbaasii mootummaa Sa'udi Arabiyaa, ulaagaalee fayyaa, hajjii, fi umraa \(www.saudiembassy.net/haji-and-umrah-health-requirements\)](https://www.saudiembassy.net/haji-and-umrah-health-requirements).
- Osoo imala hin godhin ykn hin deemin dura qorannoo COVID-19 gochuuf yaalaa (godhaa). Dhaabbanni [AICS \(https://aicsmn.org/\)](https://aicsmn.org/) qorannoo COVID PCR bilisaa guyyaa wiixataa hanga kamisaa ganama sa'a 9 a.m. irraa eegalee haga 3 p.m. tti waajjirra isaanii Mini'apolis jiruutti ni kennan (1433 E Franklin Ave Suite 13B).

Qabaachuu keessan mirkanefadha:

- ✓ Haguuggii fuulaa qulqullina olaanaa qabu, kan akka gaariitti isiinita tahu uffachu fi namni garee kessan kessaa hunduu fayyadamuu mirkanefadha.
- ✓ Odeeffannoo quunnamtii hatattamaa.
- ✓ Sanitaayizarii harkatti qabatanii imaluudhaan fayyadamuu.
- ✓ Yoo tari nu barbaachise qorichoota ajaja ogeessa fayyaatiin kennamuufi qorichoota ajaja ogeessa fayyaa malee bitamuu danda'u qabachuu.
- ✓ Qorannoo ariifataa COVID-19 karaa "Say Yes!" uummanni Minesootaa mana kessan teessanii argachuu dandeessu [Say Yes! COVID Test \(https://sayyeshometest.org/\)](https://sayyeshometest.org/). Akkasumas waajjira [IOHPA \(https://IOHPA.org\)](https://IOHPA.org) Mini'apolis (3638 Central Ave) deemaa fudhadhaa.

Yeroo imalaatti

- Infekshiniin sirna hargansuu hajjii irratti baay'inaan mul'ata. Gorsa CDC hordofuudhaan yeroo imala kessanii hunda harka dhiqachuu, haguuggii fuulaa uffachuu, fi yoo danda'ame yeroo deemsaatti fageenya ofii eeggachuun barbaachisaadha.
- Masjiidotaafi iddoowwan hawaasin itti walitti qabamanitti, kessumaa bakka namoonni itti baay'atanitti haguuggii fuulaa godhachuun ni gorfama.
- Yoo dhukkubni sitti dhagahamuu jalqabe ykn mallattoon dhukkuba COVID-19 yoo sitti mul'ate qorannoo ariifata COVID-19 taasisa.
 - ◇ Yoo qorannoonkee poozatiivii ta'e haguuggii fuulaa uffadhu, hin imalin, akkasumas qajeelfama fayyaa hawaasaa naannookee jiruu hordofi, nama biroo irraa adda of baasuun of tursi.

Imala booda

- Yoo dhukkubsatte, mana yaalaa fayyaa dhaqii akka dhiheenya kana gara Sa'udi Arabiyaa deemte ogeessa fayyaa beeksisi. Dhukkuboota imala waliin wal qabatan qorachuun barbaachisaa ta'uufi dhiisuu isaa murteessuf si gargaaruu danda'u.

